WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 19ffaa ....... Lak. 2/2003
፲፱ኛ ዓመት ..... ቁጥር ፪/፪ሺ፫
19th year ......... № 2/2011

Finfinnee, Ebla 2/2003
ፊንፊኔ ሚያዚያ ፪ ቀን ፪ሺ፫
Finfine, April 10, 2011

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

| Gatiin Tokko ......................<br>ያንዱ ዋጋ ......................<br>Unit Price ...................... | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa 21383-1000<br>የፖ.ሣ.ቁጥር ..........<br>P.O.Box ............... |
|---|---|---|

| QABEENTAA | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| Labsii Lak. 164/2003<br>Labsii Dhaabbata Sabquunnamtii Oromiyaa Hundeessuuf bahe. Labsii Lak. 113/1998 Fooyyeessuuf Bahe Lak 164/2003............ Fuula 1 | አዋጅ ቁጥር ፻፷፬/፪ሺ፫<br>የኦሮሚያ ብዙኃን መገናኛ ድርጅትን ለማቋቋም የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፺፰ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ........................ ገጽ ፩ | Proclamation No. 164/2011<br>A proclamation to amend the Oromia Mass media organization Proclamation No 113/1998 ... Page 1 |

## Labsii Lak 164/2003
## Labsii Dhaabbata Sabquunnamtii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 113/1998 Fooyyesuuf Bahe

Moggaafama, aangoo fi hojii Dhaabbatichaa haala guddina Dhaabbatichi yeroo ammaa irra gahaa jiru wajjin akka walsimatu taasisuun waan barbaachiseef;

Adeemsa raawwii hojii keessatti rakkoolee isa mudatan maqsuuf gurmaa'inaa fi hojimaata dandeessisan akka qabaatuf Labsii dhaabbata Sabquunnamtii Oromiyaa Hundeessuuf bahe Lak. 113/1998 fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun "Labsii Dhaabbata Sabquunnamtii Oromiyaa Hundeesuuf bahe, Labsii Lak. 113/1998 Fooyyeessuuf Bahe Lak 164/2003" jedhamee waamamu ni danda'a.

## አዋጅ ቁጥር ፻፷፬/፪ሺ፫
## የኦሮሚያ ብዙኃን መገናኛ ድርጅትን ለማቋቋም የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፺፰ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ

የድርጅቱን መጠሪያ፣ ስልጣን እና ተግባር በአሁኑ ጊዜ እየደረሰበት ካለው እድገት ጋር እንዲጣጣም ማድረግ አስፈላጊ በመሆኑ

በስራ ሂደት ውስጥ ድርጅቱን የሚያጋጥሙትን ችግሮች ለመቅረፍ የሚያስችለው አሰራር እና አደረጃጀት እንዲኖረው ለማድረግ የኦሮሚያ ብዙኃን መገናኛ ድርጅትን ለማቋቋም የወጣውንአዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፺፰ ማሻሻል አስፈላጊ በመሆኑ

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ሕገ መንግስት አንቀጽ ፵፱/፫/(ሀ) መሠረት ከዚህ የሚከተለው ታውጇል፡፡

፩. **አጭር ርዕስ**

   ይህ አዋጅ የኦሮሚያ ብዙኃን መገናኛ ድርጅትን ለማቋቋም የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፺፰ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፷፬/፪ሺ፫ ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

## Proclamation No 164/2003
## A proclamation to amend the Oromia Mass media organization Proclamation No 113/1998

Whereas it has become necessary to coping the nomination, Power and the current duties of the organization.

Whereas it has become necessary to improving the performance of the Organization by reducing the challenges through coordination by improving the proclamation to establish the Ormia Mass Media Proclamation No. 113/1998.

Now, therefore the following has been proclaimed in accordance with the Revised constitution of Oromiya National Regional state Article 49(3) (a)

1. **Short Title**

   This proclamation may be cited as Oromia Radio and Television organization Establishment proclamation No 164/2003

**2. Fooyya'insa**

Keewwatoonni Labsii Lak. 113/1998 akka armaan gadiitti fooyya'nii jiru.

1) Keewwanni 1 haqmee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. Mata Dureen Labsichaa, "Labsii Dhaabbata Raadiyoo fi Televiizyinii Oromiyaa Hundeessuuf Bahee" kan jedhuun fooyya'eera.
2) Keewwanni 2(4) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "'Dhaabbata' jechuun Dhaabbata Raadiyoo fi Teelevizhinii Oromiyaati."
3) Keewwanni 2(5) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "'Boordii' jechuun qaama ol'aanaa Dhaabbata Raadiyoo fi Televiizyinii Oromiyaa bulchuudha."
4) Keewwanni 2(6) haqamee jira.
5) Keewwanni 3 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Dhaabbatni Raadiyoo fi Televiizyinii Oromiyaa kana booda "Dhaabbata" jedhamee waamamuu fi qaama seerummaa qabu Labsii kanaan hudeeffamee jira."
6) Keewwanni 7(1) (c)n haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Itti Aantoota Hojii Gaggeessitoota."
7) Keewwanni 7(2) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Dhaabbatichi hojii isaa hojjechuuf kan isa gargaaran gurmaawina adda addaa ni qabaata."
8) Keewwanni 8(1) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Ummata Naannichaaf faayidaa kan qaban oduu fi oddeeffannoowwan Raadiyoo, Televiizyinii fi Weebsaayitiidhaan Afaan Oromoo fi Afaan adda addaatiin ni tamsaasa."
9) Keewwanni 8(3) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Ummatichi yaada akka waljijjiiru, akka mari'atuuf, yaada isaa akka kennuu fi waliigaltee biyyooleessaa irra gahuun akka danda'amuuf waltajjiiwwan adda addaa ni uuma.
10) Keewwanni 8(8) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Suuraa, fakkii dokumanteeshinii socho'aa fi tajaajila beeksisaa ni kenna."
11) Keewwanni 8(9) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira.

**፪. ማሻሻያ**

የአዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፺፰ አንቀጾች እንደሚከተለው ተሻሽለዋል

፩) አንቀጽ ፩ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል፡፡
የአዋጅ ርዕስ የኦሮሚያ ሬዲዮና ቴሌቪዥን ድርጅትን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ በሚለው ተሻሽሏል
፪) አንቀጽ ፪/፬/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
"ድርጅት" ማለት የኦሮሚያ ሬዲዮና ቴሌቪዥን ድርጅት ነው፡፡
፫) አንቀጽ ፪/፭/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
"ቦርድ" ማለት የኦሮሚያ ሬዲዮና ቴሌቪዥን ድርጅትን የሚያስተዳድር የበላይ አካል ነው፡፡
፬) አንቀጽ ፪/፮/ ተሰርዟል
፭) አንቀፅ ፫ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ከዚህ በኋላ ድርጅት ተብሎ የሚጠራው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሬዲዮና ቴሌቪዥን ድርጅት ሕጋዊ ሰውነት ያለው ሆኖ ራሱን ችሎ በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል፡፡
፮) አንቀጽ ፯/፩/ /ሐ/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ምክትል ስራ አስኪያጆች
፯) አንቀጽ ፯/፪/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ድርጅቱ ስራውን ለማከናወን የሚያግዙትን በሰሩ የተለያዩ መዋቅሮች ይኖሩታል፡፡
፰) አንቀጽ ፰/፩/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ለክልሉ ህዝብ ጠቀሜታ ያላቸውን ዜናዎች እና መረጃዎች በሬዲዮ በቴሌቪዥን እና በዌብሳይት በአፋን ኦሮሞና በተለያዩ ቋንቋዎች ያሰራጫል፡፡
፱) አንቀጽ ፰/፫/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ሕዝቡ ሃሳብ እንዲለዋወጥ እንዲወያይና ሃሳቡን እንዲሰጥ በሔራዊ መግባባት ላይ እንዲደረስ የተለያዩ መድረኮችን ይፈጥራል፡፡
፲) አንቀጽ ፰/፰/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
የፎቶግራፍን፣ የተንቀሳቃሽ ምስሎች፣ የዶኩሜንቴሽንና የማስታወቂያ አገልግሎት ይሰጣል፡፡
፲፩) አንቀጽ ፰/፱/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል

**2. Amendment**

The Provisions of proclamation No 113/1998 here by amended as follows

1) The provision of article 1 is amended as fallows
"Oromia Radio and Television organization establishment proclamation"
2) The Provision of article 2 (4) amended as follows
"Organization means the Oromia Radio and Television organization established by this proclamation"
3) The provision of article 2(5) amended as follows Board means a higher organ established by this proclamation that administers Radio and Television organization of the region .
4) The Provision of article 2(6) repealed
5) The provision of article 3 is amended as follows the Oromia Region Radio and Television organization hereafter called organization has been established by this proclamation as an independent legal entity.
6) The provision of article 7 (1) (C) here by amended as follows
Deputy General managers
7) The provision of article 7(2) is amends as follows
the organization shall have different structures to perform its duties
8) The provision of article 8(1) here by amended as follows the organization shall disseminate valuable news and information through radio , Television and Website in afan Oromo and different language to the people of the region
9) The provision of article 8(3) here by amended as follows creates different conducive forum to enable the people to exchange views, discuss and give opinion to reach a national consensus
10) The provision of article 8(8) here by amended as follows provide photograph, documentation of moving pictures and advertisement services.
11) The provision of article 8(9) here by amended as follows.

"Hojichaaf barbaachisaa kan ta'an tajaajila sagantaalee Raadiyoo, Televiizyinii fi Weebsaayitii kan qindeesuu fi tamsaasu, oduu fi odeeffannoo kan dabrsu, akkasumas tajaajiloota kanneen barbaachisaniif oolan hojiilee ijaarsaa fi dandeettii ni hojjeta; dhaabbataa fi meeshaalee bakka barbaachisutti ni dhaaba; ni hundeessa; ni gurmeessa; ni bulcha; ni to'ata."

12) Keewwanni 8(13) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Dhaabbatichi sochii Raadiyoo, Televiizyinii fi Weebsaayitii Naannichaa haala ittibabl'achuu danda'uu fi tekinolojii foyya'aan itti gurmaa'u tajaajila ga'umsaa fi qulqullina qabu haala ittikennuu danda'u qoratee yaada ni dhiheessa; yoo eeyyamames hojii irra ni olcha.

13) keewwanni 9(1) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. " 'Boordiin' qaama ol'aanaa Dhaabbaticha bulchu ta'e hundaa'eera."

14) keewwanni 11 (1) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. " 'Dhaabbatichi' imaammatootni, Seerootnii fi qajeelfamootni Raadiyoo, Televiizyinii fi Weebsaayitii ilaalan dhaabbaticha keessatti hojii irra oluu isaanii ni mirkaneessa."

15) keewwanni 11 (2) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Imaammataa fi seerota Motummaan baasee fi ummaticha biratti beekamuu qaban Raadiyoo, Televiizyinii fi weebsaayitii Dhaabbatichaatiin yeroodhaan darbu isaanii ni hordofa."

16) keewwanni 11 (3) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira. "Qabiyyee waliigalaa Oduwwan, Sagantaalee fi gabaasota biroo Raadiyoo, Televiizyinii fi Weebsaayitii Naanichaa ni gamagama; haala fooyya'insa isaanii irratti qajeelfama ni kenna."

### 3. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Itti Oolu

Labsiin kun Ebla 2, bara 2003 irra eegalee hojii irra kan oluu ta'a.

**Finfinnee**
**Ebla 2, bara 2003**
**Alamaayoo Atoomsaa**
**Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

ለስራው አስፈላጊ የሆኑ የሬዲዮ የቴሌቪዥን እና የዌብ ሳይት ፕሮግራሞችን ለማቀናበር ለማሰራጨት ዜናና መረጃዎችን ለማስተላለፍ እንዲሁም አስፈላጊ ለሆኑ አገግልሎቶች የሚውሉ የአቅም ግንባታ ስራዎችን ይሰራል፤ ድርጅትና መሳሪያዎችን አስፈላጊ በሆኑ ቦታዎች ይተክላል፣ ያቋቁማል፣ ያደረጃል፣ ያስተዳድራል ይቆጣጠራል

፲፪) አንቀጽ ፰/፲፫/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ድርጅቱ የክልሉ ሬዲዮ፣ቴሌቪዥን እና ዌብሳይት ሊስፋፋ የሚችልበትን፣ በተሻለ ቴክኖሎጂ ተደራጅቶ አገልግሎቱን ብቃትና ጥራት ባለው መልኩ ሊሰጥ የሚችልበትን ሁኔታ አጥንቶ ሃሳብ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ተግባራዊ ያደርጋል::

፲፫) አንቀጽ ፱/፩/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ቦርዱ የክልሉ ሬዲዮና ቴሌቪዥን ድርጅትን የሚያስተዳድር የበላይ አካል ሆኖ ተቋቁሟል::

፲፬) አንቀጽ ፲፩/፩/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
ድርጅቱ ሬዲዮ ቴሌቪዥን እና ዌብሳትን በሚመለከት ፖሊሲዎች፣ ሕጎች፣ ደንቦችና መመሪያዎች መተግበሩን ያረጋግጣል::

፲፭) አንቀጽ ፲፩/፲፪/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
መንግስት ያወጣቸውና በህዝብ ዘንድ መታወቅ ያለባቸው ፖሊሲዎችና ሕጎች በድርጅቱ ሬዲዮ ቴሌቪዥንና ዌብሳይት በወቅቱ መተላለፋቸውን ይከታተላል::

፲፮) አንቀጽ ፲፩/፮/ ተሰርዞ ከዚህ በሚከተለው ተተክቷል
የክልሉ የሬዲዮ፣ የቴሌቪዥንና የዌብሳይት ዜናዎች ፕሮግራሞችና ሌሎች ዘገባዎችን አጠቃላይ ይዘት ይገመግማል:: በሚሻሻልባቸው ሁኔታዎች ላይም መመሪያ ይሰጣል::

### ፫. አዋጁ የሚፀንበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከሚያዚያ ፪/፪፻፫ ዓ.ም ጀምሮ የፀና ይሆናል::

**ፊንፊኔ**
**ሚያዚያ ፪/፪፻፫ ዓ.ም**
**አለማየሁ አቶምሳ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር ፕሬዚዳንት**

establish, organize, administer sand control organization and materials that organize and disseminate radio, television and website programs, dispatches news and information and done the capacity building activities as well as provides required services of the organization

12) The provision of article 8(13) here by amended as follows the Organization studies and presents proposal how the Radio, Television and website of the region expand organize with the use of modern technology and provide efficient and quality service, implements when approved

13) The provision of article 9(1) here by amended as follows the board has been established as a higher organ that administer the organization of the region

14) The provision of article 11(1) here by amended as follows assure that the organization applies policies, laws, regulations and directives or radio, Television and website.

15) The provision of article 11(2) here by amended as follows monitors policies and lows issued by the gout's that should be understand by the public are dispatched by radio, television and website of the organization timely.

16) The provision of article 11(6) here by amended as follows evaluate the general content of news, programs and other reports transmitted through radio, television and website of the region provides directive on how to improve their performance.

### 3. Effective Date of the proclamation

This proclamation shall come to fore as of the day of April 10,2011

**Finfinnee**
**April 10,2011**
**Alemayehu Atomsa**
**Prezident of National Regional Government of Oromiya**